# Gaaffii fi Deebii waa’ee Walitti Qabuu Daataa

## HORDOFANNOO YEROO DHEERAA IJOOLLEE HAALA SAKKA’IINSA DAA’IMMAN QABANA

## Dameen Fayyaa Minnesota (DFM) maaliif odeeffannoo waa’ee daa’imman haalawwan Sakatta’iinsa Daa’imman Haaraa Minnesota keessatti hammataman walitti qaba?

Odeeffannoo walitti qabnu fayyadamnee daa’imman fi maatiin isaanii deeggarsa fi wantoota isaan barbaachisu argachuu isaanii beekna. Warra kunuunsa fayyaa kennan, barsiisota, narsoota fayyaa hawaasaa naannoo, dhaabbilee hawaasa irratti hundaa’an, fi kanneen biroo wajjin akka barbaachisummaa isaatti maatii qabeenya, tajaajila, fi deeggarsa waliin wal qunnamsiisuuf hojjenna. Tajaajiloonni kanneen guddinaa fi misooma deeggaran kanneen akka dafanii gidduu seenuu, fayyaa hawaasaa fi kunuunsa yaalaa of keessatti qabachuu danda’u. Qabeenyi fi tajaajiloonni kun maatiin yeroo murtoo murteessan odeeffannoo akka itti yaadan ni kennu. Tajaajiloonni akka kennaman, salphaatti itti fayyadamamuun fi maatiidhaaf akka gargaaran gochuuf hojjenna. Akkasumas yeroo yeroo dhan bu’aa tajaajilli kun daa’immaniif qabu fi akkaataa itti fooyyessuun danda’amu hubachuuf carraaqna. Odeeffannoon nuti walitti qabnu adeemsa waliigalaa hordofuuf nu gargaara, maaltu akka hojjetuu fi hin hojjenne nutti agarsiisa.

## Dameen Fayyaa Minnesota akkamitti qorannoo daa’imaa barata?

Ogeessi fayyaa haala fayyaa daa’imaa kana erga adda baasee booda, gara MDH tti gabaasu [Minn. Stat. § 144.125, kutaa 1(b)].

## MDH waa’ee daa’imman haalawwan kanaan walqabatan odeeffannoo akkamii walitti qaba?

Odeefannoo dimogiraafii walitti ni qabna akkasumas odeeffannoo waa’ee qorannoo, sakkata’uu, tajaajilaa fi deeggarsa, rakkoo furuu, fi bu’aa yeroo ijoollummaa walitti qabuu dandeenya. Odeeffannoo waa’ee odeefanno bal’aa walitti qabnu irratti argachuuf, maaloo sagantaa MDH Kan Daa’immanii fi Dargaggoota Fedhii Fayyaa Addaa qaban lakkoobsa bilbila kanaan 1-800-728-5420 qunnamaa.

## Odeeffannoo kana eenyutu argachuu danda’a?

Hojjettoonni MDH fi kontiraaktaroota muudaman qofatu daataa kana argachuu danda’a. MDH iccitii akka waan guddaatti fudhata. Seerotni ciccimoon iccitii daataa irratti bahan odeeffannoo kana ni eegu (Minn. Stat. § 13). Hojjettoonni fi kontiraaktaroota hundi isaanii leenjii iccitii daataa xumuraniiru. Odeeffannoon kuusdeetaa keessa jiru of eeggannoodhaan eegama. Uummataaf banaa miti. Kana malees, odeeffannoo waliigalaa qofa gabaasna. Kana jechuun

lakkoofsi garee tokkoof walitti qabamee gabaabfamee odeeffannoon dhuunfaa adda baasu kan akka maqaa fi guyyaa dhalootaa hin dabalamne jechuudha.

Minnesota Department of Health
Children & Youth with Special Health Needs
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
800-728-5420
health.cyshn@state.mn.us
www.health.state.mn.us

December 2022

*To obtain this information in a different format, call: 800-728-5420.*